

GOOLABA IMAAMMATA GARGAARSA MAALLAQAA:

Northern Light Health dhukkubsataa tajaajila keenya barbaadu hunda, inshuraansii fayyaa ykn haala maallaqa isaanii osoo hin laalin wal'aanuuf waadaa seeneera. Kana malees, tajaajila haaloota kaffaltii keessan kaffaalu mijeessuf isin gargaaran kanneen akka kaffaltii inshuraansitti erguu, karoora kaffaltii mijeessuu, fi gargaarsa maallaqaa jiran ni dhiyeessina.

ADEEMSA IYYATAA:

Gargaarsa maallaqaatif iyyachuuf, ykn garagalcha Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) Northern Light Health argachuuf akkasumas iyyata poostadhaan godhamuuf, qajeelcha Tajaajila Maallaqaa Dhukkubsataa (Patient Financial Services department) hospitaala keessanii lakkoofsa bilbilaa ykn teessoo dhuma sanada kanaa irratti argamuun, ykn toora intarneetii <https://northernlighthealth.org/billing-help> irratti qunnamaa.

ULAAGAA GUUTUU:

Dhaabbileen hospitaala keenyaa tajaajila bilisaa namoota Maine galiin isaanii Sadarkaa Hiyyummaa Federaalaa (FPL) dhibbeentaa dhibba lamaa (200%) gadi ta'eef kennuu qabu. Wal'aansi tajaajila ariifachiisaa bilisaa namoota jiraattota Maine hin ta'iniifis ni argama. FPL bara 2026 akka armaan gadiitti ta'a:

Baay'ina Maatii	Gargaarsa 100% galii (200% FPL) gadi ta'eef:
1	\$31,920
2.	\$43,280
3.	\$54,640
4	\$66,000
5.	\$77,360
6.	\$88,720
7	\$100,080
8	\$111,440
Nama Dabalataa Tokkoon Tokkoof	+\$11,360

- Wal'aansa keessaniif kaffaltii akka isin gargaaruuf inshuraansii gosa kamiyyuu qabaachuu keessan ni gaafatamtu. Inshuraansin ykn sagantaan mootummaa kaffaltii wal'aansa keessanii kan hin kaffalle ta'uu ragaa akka agarsiistan gaafatamuu dandeessu. Wal'aansa fayyaa barbaachisaa ta'e qofatu bilisaan kennama.

- Yoo kunuunsa hospitaalaa bilisa ta'eef ulaagaa hin guunne, dhaddacha loogiirraa bilisa ta'e (fair hearing) gaafachuuf mirga qabdu. Adeemsa dhaddacha loogiirraa bilisa ta'e iyyachuu dandeessan isinitti ni himna.

Iyyatichi erga ilaalamee booda, ulaagaa guutuu fi dhiisuu keessan ni murtaa'a, iyyataanis murtichaa ni beeksifama.

Namni ulaagaa guutu kamiyyuu tajaajila wal'aansa fayyaa barbaachisaa ykn ariifachiisaa isaanitiif tilmaama kaffaltii walii-galaa (AGB) namoota inshuraansiin kaffalticha kaffaluuf gaafataman caalaa hin gaafatamu.

Yoo namni sun gargaarsaf ulaagaa guute, hospitaalichi yoo danda'ame dhiibbaa yeroo carraaqqii kaffaltii sassaabuu gahe kan sirreessu ta'a, akkasumas kaffaltii dabalataa kafalame kamiyyuu namichaaf ni deebisa.

Kaffaltiin herrega hafe kamiyyuu kan itti-gaafatamummaa dhukkubsataa/wabiiti jedhamee murtaa'e yoo kafalamuu baatee, fi iyyanni gargaarsaa yoo hin jiraanne, hospitaalichi herregicha(gawwan) dhaabbata kaffaltii sassaabu kan alaatti dabarsuu danda'a. Gabaasni akkasii kun sadarkaa kireeditii dhukkubsataa/wabii irratti dhiibbaa hin barbaadamne geessisuu ykn himannaan seeraa akka jalqabu taasisuu danda'a.

Garagalchi waraqaa Imaammata Gargaarsa Maallaqaa keenya yoo gaafatame ni argama.

Northern Light Acadia Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000	Northern Light Inland Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000
Northern Light AR Gould Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000	Northern Light Maine Coast Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000
Northern Light Blue Hill Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000	Northern Light Mayo Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000
Northern Light CA Dean Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000	Northern Light Mercy Hospital Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000
Northern Light Eastern Maine Medical Center Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000	Northern Light Seabcoook Valley Health Cianchette Building, 43 Whiting Hill Rd, Brewer, ME 04412 1-866-750-5001 or 207-973-5000

Ibsa Loogii Lagachuu

Northern Light Health fi dhaabbileen isaan walqabatan (Northern Light Health) seerota mirgoota lammummaa hojiirra oolu ni kabaju, akkasumas sanyii, bifa, lammummaa, sabummaa, umurii, dandeettii ykn hir'ina qaamaa fi sammuu, ilaalcha siyaasaa, amantii, aadaa, haala hawaas-diinagdee, odeeffannoo jeneetiksii, haala tajaajila humna waraanaa duraanii, koorniyaa, amala saalaa, amaloota 'saalota gidduu' jiran dabalatu, ulfa ykn haalota kanaan walqabatan, kallattii saalaa, koorniyaa, eenyummaa ykn eenyummaa koorniyaa, ykn afaan irratti hundaa'anii nama hin foo'an ykn loogii hin godhan.

Northern Light Health namoonni haala bu'a-qabeessa ta'een akka waliif galan gargaaruf jecha, tajaajiloota bilisaa armaan gadii ni dhiyeessa:

- Hiiktota afaanii gahumsa qaban
- Hiiktota afaan mallattoo qahumsa qaban
- Odeeffannoowwan afaanota birootin barreeffaman
- Odeeffannoo barreeffamaa bifa birootiin qophaa'an (maxxansa gurguddaa, sagalee, bifa elektirooniksii salphaatti argamu, fi bifawwan biroo)

Northern Light Health ykn dhaabbileen isariin walqabatan tajaajila kana kennuu dhabaniiru ykn loogii raawwataniiru jettanii yoo amanttan, ykn gaaffii yoo qabaattan ykn komii mirga lammummaa, bilisummaa sammuu ykn amantii, ykn iccitii odeeffannoo fayyaa dhiyyeessuuf gargaarsa yoo barbaaddan, Northern Light Health ykn Waajjira Mirga Lammummaa Federaalaa (OCR) qunnamuu dandeessu:

Northern Light Health 1557 Civil Rights Coordinator 43 Whiting Hill Road, Suite 200 Brewer, ME 04412 1-866-769-8363, TTY-711 (Maine Relay) nondiscrimination@northernlight.org privacy@northernlight.org	Centralized Case Management Operations (Hojiwwan Bulchiinsa Dhimmaa Giddu-galeessa) U.S. Department of Health and Human Services (Dippaartimentii Fayyaa fi Tajaajila Namummaa Ameerikaa) 200 Independence Avenue, SW Room 509F, HHH Building Washington, DC 20201 1-800-368-1019, 800-537-7697 (TDD) OCRMail@hhs.gov https://ocrportal.hhs.gov/ocr/smartscreen/main.jsf
--	--

Tajaajilli gargaarsa afaanii bilisaan isiniif jira. Maaloo afaan keessan kan jalqabaa nu beeksisaa, wal'aansa keessan keessatti akka isin gargaaruuf hiikaa afaanii ni mijeessina.

French: ATTENTION: Si vous parlez français, des services d'aide linguistique vous sont proposés gratuitement. Appelez le 1-888-986-6341 (ATS: 711).

Spanish: ATENCIÓN: si habla español, tiene a su disposición servicios gratuitos de asistencia lingüística. Llame al 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Oromo (Cushite): XIYYEEFFANNAA: Afaan dubbattu Oroomiffa, tajaajila gargaarsa afaanii, kanfaltiidhaan ala, ni argama. Bilbilaa 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Chinese: 注意：如果您使用繁體中文，您可以免費獲得語言援助服務。請致電 1-888-986-6341 (TTY: 711)。

Vietnamese: CHÚ Ý: Nếu bạn nói Tiếng Việt, có các dịch vụ hỗ trợ ngôn ngữ miễn phí dành cho bạn. Gọi số 1- 888-986-6341 (TTY: 711).

Tagalog (Filipino): PAUNAWA: Kung nagsasalita ka ng Tagalog, maaari kang gumamit ng mga serbisyo ng

tulong sa wika nang walang bayad. Tumawag sa 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Cambodian (Khmer): ប្រតិបត្តិការសេរីសេរី ឥតគិតថ្លៃ 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Russian: ВНИМАНИЕ: Если вы говорите на русском языке, то вам доступны бесплатные услуги перевода. Звоните 1-888-986-6341 (телетайп: 711).

الصم هاتف 711 (برقم اتصل. بالمجان لك تتوافر اللغوية المساعدة خدمات فإن، اللغة اذكر تتحدث كنت إذا: ملحوظة 1-888-986-6341 رقم: Arabic) (والبكم)

German: ACHTUNG: Wenn Sie Deutsch sprechen, stehen Ihnen kostenlos sprachliche Hilfsdienstleistungen zur Verfügung. Rufnummer: 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Korean: 주의: 한국어를 사용하시는 경우, 언어 지원 서비스를 무료로 이용하실 수 있습니다. 1-888-986-6341 (TTY: 711)번으로 전화해 주십시오.

Thai: เรียน: ถ้าคุณพูดภาษาไทยคุณ สามารถใช้ บริการช่วยเหลือทางภาษาได้ฟรีโทร 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Nilotic (Dinka): PIN KENE: Na ye jam në Thuonjan, ke kuony yenë kɔc waar thook ato kuka lëu yök abac ke cîn wënh cuatë piny. Yuopë 1-888-986-6341 (TTY: 711).

Japanese: 注意事項：日本語を話される場合、無料の言語支援をご利用いただけます。1-888-986-6341（TTY:711）まで、お電話にてご連絡ください。

Polish: UWAGA: Jeżeli mówisz po polsku, możesz skorzystać z bezpłatnej pomocy językowej. Zadzwoń pod numer 1-888-986-6341 (TTY: 711).